# Namni tokko Mallattoon yoo irratti mul'ate maal gochuu qaba

**Gorsoonni kunneen manneen barnoota K-12, kunuunsa daa'imaa fi sochiiwwan sirna barnootaa dabalataa wal iin kanneen qabata qabaniifi.**

## Namni tokko mallattoollee armaan gadii keessaa tokko yookin isaa ol yoo irratti mul'ate:

- ❑ **Qaama gubaa (≥100.4°F) yookin dhaamochiisuu**
- ❑ **Hafuura baasuu dadhabuu yookin harganuu dadhabuu**
- ❑ **Dhukkubbii maashaa yookin qaamaa**
- ❑ **Miira dhandhammii yookin foolii bifa haaraa ta'een dhabuu**
- ❑ **Qufaasisuu (haaraa, kan jijjiirame, yookin kan itti hammaate)**

### Manatti adda bahanii turuu qabu FI qorannoo COVID-19 taasisuu qabu

- ❑ Dhangala'aa funyaan keessaa yaa'u ykn funuuna
- ❑ Garaa hammeessuu, hoqqisiisuu yookin garaa kaasaa
- ❑ Mataa bowwoo
- ❑ Dadhabbii
- ❑ Dhukkubbii qoonqoo

### Manatti adda bahanii turuu qabu

Mallattoo **TOKKO qofatu** turee?

**LAKKI** → Manatti adda bahanii turuu qabu FI qorannoo COVID-19 taasisuu qabu

**EEYYEE** → Mallattichi sa'aatiiwwan 24 keessatti badee **YOOKIN** dhibee cimaa qorannoodhan argame wajjin wal fakkaataa?

- **LAKKI** → Manatti adda bahanii turuu qabu FI qorannoo COVID-19 taasisuu qabu
- **EEYYEE** → Kanneen armaan gadi yoo guuttan mana barumsaatti, kunuunsa daa'imaattii fi sochiiwwanitti deebi'aa

Isaan ogeessa eegumsa fayyaa irraa qorannoo filannoo qabu hin arganne yoo ta'an **YOOKIN** qorannoo hin gaggeessine yoo ta'an → Manatti adda of baasuu

Isaan qorannoo COVID-19 tif **POOZITIIVII** yoo ta'an → Manatti adda of baasuu

Isaan qorannoo COVID-19 tin **NEGETIIVII** yoo ta'an **YOOKIN** ogeessa eegumsa fayyaa irraa qorannoo akka filannootti gargaaru fi qorannoo nageetivii yoo fudhatan → Kanneen armaan gadi yoo guuttan mana barumsaatti, kunuunsa daa'imaattii fi sochiiwwanitti deebi'aa

### Manatti adda of baasuu

Erga mallattoon jalqaba irratti mul'atee booda guyyootni shan dabarraan mana barumsaatti, kunuunsa daa'imaattii fi sochiiwwanitti deebi'uu danda'u.

1. Sa'aatiiwwan 24 darban keessatti qaama gubaan yoo hin jirre (dawaa malee) **FI**
2. Mallattoleen baay'ee yoo fooyya'iinsa agarsiisan **FI**
3. Guyyoota 6–10 tif namoota biroo biratti maaskii godhatan **YKN** maaskii malee deebi'uudhaf bu'aa qorannoo farra qaamaa (antijinii) taasisuun kan hin qabamne ta'uu ibsu qabaatan.

Yoo isaan maaskii godhachuu kan hin dandeenye ta'anii fi guyyaa shan booda qorannoodhan akka hin qabamne ta'uu isaanii hin agarsiisne, hamma guyyaa 10 ti adda of baasuu itti fufuu qabu.

### Kanneen armaan gadi yoo guuttan mana barumsaatti, kunuunsa daa'imaattii fi sochiiwwanitti deebi'aa:

1. Sa'aatiiwwan 24 darbe keessatti qaama gubaan yoo hin jirre (dawaa malee)

**FI**

2. Mallattoleen sirriitti yoo fooyya'iinsa agarsiisan

Washington State Department of Health

WCAAP WASHINGTON CHAPTER AMERICAN ACADEMY OF PEDIATRICS

DOH 820-229 March 15, 2022 Oromo

Galmee kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltoonni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa ykn civil.rights@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.

# Beeksisni Saaxilamummaa yoo Isin Gahe ykn Tuttuqqii Dhihoo kan gootan jedhamtanii Adda Yoo Baatan Maal gochuu qabdu*

**Gorsoonni kunneen manneen barnoota K-12, kunuunsa daa'imaa fi sochiiwwan sirna barnootaa dabalataa waliin qabata qabaniifi.**

## Haalli talaallii kan fedhes ta'u,q ajeelfamoonni armaan gadii ni gorfamu:

- ❑ Mana barumsaa, kunuunsa daa'imaai fi sochiiwwan hordofuu itti fufuu.
- ❑ Erga saaxilamaniin booda guyyoota 10'f mallattoolee ofirratti ilaaluu.
- ❑ Erga saaxilamaniin booda guyyoota 10'f maaskii sirriitti isaanitti ta'u godhachuu ilaalcha keessa galchuu.
- ❑ Erga saaxilamaniin booda guyyoota sadii hamma shanii keessatti qorannoo taasisuu ilaalcha keessa galchuu.

**Namni saaxilamee guyyaa saaxilame irraa kaasee guyyoota 10 keessatti mallattoole ni argaa?**

### EEYYEE

**Manatti kophaa of baasaa akkasumas COVID-19 dhaaf qoratamaa**

- Isaan qorannoo COVID-19 taasisuun **KAN HIN QABAMNE** ta'uun isaanii yoo beekame**
- Isaan qorannoo COVID-19 taasisuun **KAN QABAMAN** ta'uun isaanii yoo beekame

**Mana barumsaatti, kunuunsa daa'imaattii fi sochiiwwanitti deebi'aa**

Kanneen armaan gadii yoo guuttaman mana barumsaatti, kunuunsa daa'imaattii fi sochiiwwanitti deebi'uu ni danda'u:

1. Sa'aatiiwwan 24 darbe keessatti qaama gubaan yoo hin jirre (yaalii malee)

**FI**

2. Mallattoleen sirriitti yoo fooyya'iinsa agarsiisan

**Manatti adda of baasaa**

Erga mallattoon jalqaba irratti mul'atee booda guyyootni shan dabarraan mana barumsaatti, kunuunsa daa'imaattii fi sochiiwwanitti deebi'uu danda'u.

1. Sa'aatiiwwan 24 darbe keessatti qaama gubaan yoo hin jirre (dawaa malee **FI**
2. Mallattoleen baay'ee yoo fooyya'iinsa agarsiisan **FI**
3. Guyyoota 6–10 tif namoota biroo biratti maaskii godhatan **YKN** maaskii malee deebi'uudhaf bu'aa qorannoo farra qaamaa (antijinii) taasisuun kan hin qabamne ta'uu ibsu qabaatan.

Yoo isaan maaskii godhachuu kan hin dandeenye ta'anii fi guyyaa shan booda qorannoodhan akka hin qabamne ta'uu isaanii hin agarsiisne, hamma guyyaa 10 ti adda of baasuu itti fufuu qabu.

### LAKKI

**Mana barumsaa, kunuunsa daa'imaa fi sochiiwwan itti fufaa**

Isaan mana barumsaa, kunuunsa daa'imaa hordofuu fi sochiiwwan hunda keessatti hirmaachuu itti fufuu danda'u

- ❑ Erga saaxilamaniin booda guyyoota 10'f maaskii sirriitti isaanitti ta'u godhachuu ilaalcha keessa galchuu
- ❑ Erga saaxilamaniin booda guyyoota sadii hamma shanii keessatti qorannoo taasisuu ilaalcha keessa galchuu

**Namni saaxilame qorannoo taasiseeraa?**

- **EEYYEE**
  - Isaan qorannoo COVID-19 taasisuun **KAN QABAMAN** ta'uun isaanii yoo beekame → Manatti adda of baasaa
  - Isaan qorannoo COVID-19 taasisuun **KAN HIN QABAMNE** ta'uun isaanii beekame** → Mana barumsaa, kunuunsa daa'imaa fi sochiiwwan itti fufaa
- **LAKKI** → Mana barumsaa, kunuunsa daa'imaa fi sochiiwwan itti fufaa

**Tuttuqqii dhiyeenyaa:** Namni tokko, nama COVID-19 dhaan qabamee wajjin walumaagalatti daqiiqaa 15 fi isaa ol sa'aatii 24 keessatti yeroo dhibicha daddabarsuu keessatti fageenya kophee 6 irra ture. Tuttuqqii hordofuun walumaagalatti manneen barnootaa fi kunuunsa daa'imaa keessatt barbaachisuu baatus, haalonni manneen barnoota ykn dhiyeessan barataa ykn hojjetaa saaxilamee jiraachuu malu isaanii fi barattoonni, daa'immanii fi hojjettoonni saaxilamuu itti hubatan ykn karaalee fi carraaqqiiwwan birootin tuttuuqqii dhihoo kan godhan ta'uu isaanii itti beeksisan murtaa'odha.

**Qorannoon vaayirasii mirkaneessituun (Nucleic Acid Amlipfication Test (NAAT, Qorannoo Mul'istuu Nuuklik Asiidii)) ykn qorannoo farra qaamaa dabalataabarbaachisuu mala. Ogeessa fayyaa keessan wajjiin haasa'aa.